Minneapolis
Magaala Kuussaa Harro 10,000

“Super Bowl” maalidha?

- Adugnaa kanarat ispoortii ol aannoo ta’anni kan argaman keessaa “Super Bowl” isa tokko. Taphni kubbaa milaa kan Amerikaani waga wagaati magaallota gara garaati geggefam. Bara kana, taphni kun Magaalaa Minneapolis galma dirree kubbaa US Bank jedhamu keesat guyaa Dilbataa, Guraandhala 4 gegeefama.
- Lakoobsi namoota tapha kubbaa harkaa galma US Bank keesat gegeefamu do’achudhaaf dhufan miliyoona tokko ol ta’a jedhamee tilmaamama. Sagantaan Magaalaa Lakkuu keesat kan taasifamu Amajii 26 hanga Guraandhala 4, 2018 giduuti yeroo guyoota 10 niif.
- Magaalaan Minneapolis, yeroo ayaani kun Amajii 26 hanga Guraandhala 4, 2018 gegeefamuti nagaafi tasgabiin aka jiraatu, keesumoon haala gaariit aka simatamanif akasumas jiraatoni magaalichaaf daldaltoon ganda 13 (Ward)keesa argaman yeroo gaarii aka qabaatan jecha xiyeefanaa ol aanaan godhameera.
- Jalabuultin ayaana Super Bowlii Magaalaa Minneapolis baka Nicolett Mall jedhamut guya 1oniif kafaltii mallee sududaan gegeefama.
- Muuxanoo Super Bowl (Super Bowl Experience) kan yeroo bashananaa, bitaaf gurgurtaa kan NFL (NFL interactive theme) guyaa Amajii 26 hanga Guraandhala 2 bika Minneapolis Convention Center jedhamuti aka gegeefamufi sagantaan qabameera. Gattin tikeeti $35 dha.

Super Bowl ilaalchise odeefanoo irra caalaa argachu yoo barbaadan, websaayiti kanaan gadit katabame ilaalaa. Innis affaan Ingliziitin bareefamera. Bareefama afaan biya keesanitin dubisu yoo feetan, lakoobsa 311 xuqaati Magaalaa Minneapolis yaamaa.

- www.minneapolismn.gov/superbowl
- www.mnsuperbowl.com
- www.minneapolis.org

Geejiba (Transportation) fi Tajaajila kan Mootumaa (Public Services)

Tajaajila kan Mootumaa (Public Services)

Magaalaan Minneapolis

Magaalaan Minneapolis namoota ishee keesa jirataniif akasumas daldaltootaaf tajaajila irra caalaa ta'e keenuf waadaa seenti. Sagantaan magaalaa keesat kenaman kun kan akka balfa kaasu, kossii (trash) kan meeshaa haaraan iraa hojetaman kaassuu kana kan fakaatan akuma duriit itti fufama.

- 311 bilbiltani odeefanoo tajaajila magaalaan keenaman argachu ni dandeesu.
- www.minneaplismn.gov/superbowl

Hennepin County Medical Center (HCMC)

- Yeroo ayaani Super Bowl geegefamuti, Magaalaan Minneapolis nama lakoobsa heduutin ni guuti. Kanaaf, hospitaali HCMC namoota dhukuba gara garaatin qabamani kan aka madaawu yookin, haala qilensaatin miidhamuu, ykn. Macha'uu, ykn. Utaaloon (flu) dhaan qabamu, ykn. dhukuba garaaf aksumas dhukuba kan biroon dhukubsataniif tajaajila ni kena.
- HCMCin yeroo Super Bowlii dura klinikii tokkolee cufuuf sagantaa hinqabu. Haata'uyu malle klinikoota guyaa Dilbataa tajaajila kenan fi "Addiction Medicine Clinic" kan jedhamu dabalatee HCMC tin nicufamu. Garu, "Acute Burn & Wound Clinic" kan jedhamu banaa ta'a.
- Odefanoo wali galaaf:612-873-3000 bilbilaa.

Geejiba (Transportation)

Magaalaan Minneapolis fi Metro Transit akasumas waa'ilootni kan biro guyaa Dilbataa, Guraandhala 4fi akasumas gaafa Amajii 26 namootin tapha Super Bowl rakina tokko mallee do'achuf aka danda'an nimijeesu. Hedu waldanquu makiinaa hanqisuufis ni tataafatu.

Kan Issin Beeku Maltan/Qabdan:

- Daandiileen tokko tokkosi yeroo murta'eef ni cufamu. Isaan keesaasi: maqaan issaani kanat aane muldhatuti geesan, walakaa Amajii iraa eegallee

Nicolett Mall, nonno Minneapolis Convention Center fi dandeeleen nanoo galma isportii US Baankiit kan argamanidha.

- Amajii 26 hanga Guraandhala 4 giduuti rakina tokko mallee geejiba Metro Transit kan jedhamuun fayadamuun gara Magaalaa Minneapolisiti gadi bu'u ni dandeesu. Namoota yeroo hundaa bika hojit/dalagaati dedeebi'anisi sagantaan geejibaa kan issa amaa irra caaluu ni qopheefama; kana malees yeroo Super Bowl itti ida'amaa.
- Baaburi Metro kan magaalaa, tajaajila issa hanga guyaa Super Bowl, Dilbata, Guraandhala 4ti akuma jirut itti fufa.
- Guraandhala 4, Dilbata, geejibni kan "Metro Blue Line" jedhamu auto-bussaan baka bu'fame namootaaf kafaltii mallee/tola tajaajila ni kena. Geejibni "Green Line "jedhamufi "Stadium Village" fi "Target Field" giduu dedeebi'u, autobussii kafalti mallee nama gegeesanin baka bufama. Baaburaan deemuun yoo yeroo dheera fudhate illee nagoomi saba tiksuuf jecha namoni tapah kana ilaaluuf deemani martuu baaburaan akka deemuu qabani hubachiifna.

Odeefanoo Irra Caalaa yoo feetani:

- Utuu hin adeemin kana caqassaa: mnsuperbowl.com/transportation
- Gargaarsa yoo feetan/barbaadan Metro Transitin lakoobsa telephoona 612-373-3333 tin qunamaati adeemsa keesan saganteefadhaa. Barbaachissaa yoo ta'e, odeefanoon jiru nama afaan issiniif hiiku wajin issin qunamssiisu.
- www.metrotransit.org/superbowl
- Haali tikeetiin keesan telephoona keesan irat afaan Ingliziitin muldhachu danda'u baruu yoo feetan, www.metrotransit.org/apps illaalaa.

(Kan gadit muldhatu kun: Dandii saphlaati walakaa Magaalaa Minneapolis ittin deemamudha)



Seerra Egssissu/Law Enforcement

Guyaa Super Bowl itti gegeefamut, qondaaltoni nagaaf tasgabii eegan lakoobsaan hedumaa'ani ni muldhatu. Pooliissin guyaa ayaanaa kana hojetan keesumootaaf do'atoota wara adunyaa heduu iraa dhufan aka ambaassadaroota magaala keenyaa ta'aani naamusaaf kabajaan ni simatu.

Birkiin Poolissii Minneapolis (Minneapolis Police Department -MPD) mata durree seera eegsisaa kan ta'e qama ol'aanaadha. Innis, qaamoota seera kabajiiftu 40fi akasumas "National Guard" kan jedhamu wajin tajaajila seeraaf tasgabii ni kena. Qaamooni nagaa tasgabeesuf gargaarsa kan kenan uffata (uniform) kan mataa issaani ni'ufatu. Warri kun MPD haa gargaaranu mallee haajaa nagaaf tasgabii irrati hin hirmaatan.

Hunde Odeefanoo

- www.Minneapolismn.gov/superbowl
- Odeefanoo tan birro argachuuf 311 bilbilaa

Mana Hidhaa Hennepin (Hennepin County Jail)

- Sagantaan Mana Hidhaa Hennepin keesat nama dubissu akuma duriit tura. Haata'uyu mallee naanoo mana hidhaa sanaat heddumin namaa heeduu waan ta'uf, amma danadaametti achi dhaquu irra bilbila bilbilun namaa keesan dubisaa.
- Maalaqaa waabi qabssiisani hidhaa keesaa nama furu ilaalchise, "Hennepin Country Public Safety Facility" kan jedhamuufi teessoon issa 401 South 4th Avenue, Minneapolis kan ta'eti halkaaniif guyaa sa'a 24 mara bilbila bilbilun baassii kafalun ni dandama. Yeroo kana gootan, maqaa nama hidhame fi guyaa dhaloota issaa harkat qabadhaa.
- Yoo danda'ameef, guyaa taphni itti gegeefamu, jechun Dilbata, Guraandhala 4 nama dubisuuf mana hidhaa hin deeminaa.

Daldalla Sagaaggillu Qindeesuu Ilaalchisee (Sex trafficking)

Daldalli sagaaggillaa yeroo Super Bowl qofa utu hinta'in guyaa 365 mara kan gegeefamudha.

Haata'uyu mallee, rakini kun illaalcha adaa aka argatuuf Super Bowl 52 caraa gaarii fidee dhufa jedhame amanama. Kana mallees, Minneapolis rakina kana to'annoo jala oolchuuf magaalaa issa duraa ta'e muldhata. Wagoot dhihoo assit Magaalaan Minneapolis daldala sagaagillaa to'annoo jala oolchuu kan danda'eef sababa qabeenyaaf hubannoo heduu jiruu irra oolcheef. Akasumas, kutaa biya

kanaa keesat rakini kun kan issaan illaalu qaamaa seera eegsiftun wara tajaajila kananii wajin waltumsudhaa namoota daldala kana irrati boba'ani, wara ijoolota umurii xiqoo sagaagilsiisan, akasumas namoota rakina kanaan gaga'ama namaraan geesisan mara mana seerat waan dhiheeseefi.

Yero taphni ayan gudich Super Bowl gegeefamut ta'e issa boodas rakina daldalla sagaagilumaa irat qindoominaan duuluuf Magaalichif waa'illasaa kan mootumaa, kan bu'aa mallee tajaajila kenan, kan wara seeraa/habukaatoo dabalate akasumas Koree Kesumeessitu kan Minnesota Super Bowl wajin tahudhaan daldalla sagaagilumaa irrat dulla ni gegessu. Ijoon dubii kanaas sabni waaye rakina kanaa hubanoo irra caalaa aka qabaatu gochuf. Duulli kunis si'a lama gegefama. Kana mallees, abbooti hotelootaatif akasumas wara mana issaani yeroo gabaabaaf kiraayesanfis barnooni sirriitti ni kenamaf. Ittii dabales, baka namoon tuutaan muldhatanit odeefanoo barbaachissaa ta'e ijoolootaf ni kenama.

Baka Odeefanoo argamu:

- Daandii Telefoona Guyaa Rakoo Hatatamaa kan MN 866-223-1111 ykn. 612-399-9995. Guyaati sa'a 24 maraf, torbanit guyoota torbaaf, akasumas wagaat guyaa 365fi bika hundaa iraa telefoona kan itti bilbilamuu danda'amu dandiin bilbilla issa kanaan olliti argamudha. Laaleen isini kenitanihundi iccitiidhaan eegama. Yoo aAfaan Ingiliffaa hin dandeenyesi namooni affaan hiikan ni jiru.
- Odeefanoo irra caalaa argachuuf lakoobsa kan 311 bilbilaa.